BIIROO MAALLAQAA OROMIYAA
የኦሮሚያ ገንዘብ ቢሮ
OROMIA BUREAU OF FINANCE

obf@ethionet.et
www.oromiabofec.gov.et
Ethiopia, Finfinnee, A/A

Lakk./ቁጥር/Ref.No. 07/154/362
Guyyaa/ቀን/Date: 16/12/2026

1. Waaj/ Maallaqaa Bul/Mag/ Shaggariif
2. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Bishooftuutiif
3. Waaj/Maallaqaa Bul/ Mag/ Adaamaatiif
4. Waaj/ Maallaqaa Bul/Mag/ Shashamannee tiif
5. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Shanootiif
6. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Jimmaa tiif
7. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Mattuutiif
8. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Naqamteetiif
9. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Asallaa tiif
10. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Roobeetiif
11. Waaj/Maallaqaa Bul/Mag/ Bulee Horaatiif
12. Waaj/Maallaqaa Bul/Mag/ Najjootiif
13. Waaj/Maallaqaa Bul/Mag/ Ambootiif
14. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/Sandaafaa Bakkeeti
15. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Walisootiif
16. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Maayaatiif
17. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Doddolaatiif
18. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Hoolotaatiif
19. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Moyyaaleetiif
20. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Mojootiif
21. Waaj/ Maallaqaa Bul/ Mag/ Baatuu tiif
22. Waaj/Maallaqaa Bul/ Mag/ Shaakkisootiif
23. Waaj/Maallaqaa Bul/ Mag/ Agaarrootiif

**B/Jirtanitti**

**Dhimmi:- Qajeelfama Sirna Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyeessuuf Bahe Lakk.31/2016 Isini Erguu Ta'a**

Waajjirri keessan kana dura Qajeelfama Sirna Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.01/2005 baheen hojjecha turuun keessan ni beekama.

Haa ta'u malee, sirna bulchiinsa nagahee mootummaa nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenya mootummaa yookiin Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa bifa wal fakkataa ta'een sirna maxxansa, rabsa, bulchiinsa, hordoffii fi to'annoo isaa diriirsuun, qajeelfamicha foyyeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef jira.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa
Oromia Bureau of Finance

Bu'uruma kanaan, Biiroon Maallaqa Oromiyaa irra deebi'uun Akkaataa Dambii Bulchiinsa Faayinaansii Oromiyaa Lakk. 207/2011 keewwata 83tiin baasuun Qajeelfama Sirna Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyeessuuf Bahe Lakk.31/2016 xalayaa kana waliin fuula 22 wal qabsiisnee kan isinii ergine ta'uu isin hubachiisaa, waajjirri keessan kana hubatee qajeelfama kana Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaa isin jala jiraanifis dabarsuun akkaataa qajeelfama fooyya'ee bahe kanaan akka raawwatan isin beeksisna.

**Nagaa Wajjin**

Tolasaa Gaddafaa Goobanaa
Oogganaa Biiroo

**GG**

- Hogganaa Biirootiif
- Damee Bittaa, Faayinaansii fi Bul. Qab. Naannootiif
- Damee Karoora Misoomaa fi Walta'iinsa Dinaagdeetiif
- Daar. Inispeekshinii Naannoo tiif
- Daar. Tajaajila Seeraa Biiroo Keenyatiif
- Daar.Reg.Bittaa,Bul.Qabeenya Naannootiif
- Daar Bittaa,Bul.Qab.fi Tajaajia Maraa Biiroof

**BMO**

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1) Oromia Bureau of Finance

## Qajeelfama Sirna Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa

## Fooyyeessuuf bahe Lakk.31/2016

Bulchiinsi nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenya mootummaa yookiin Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa bifa wal fakkataa ta'een sirna maxxansa, rabsa, bulchiinsa, hordoffii fi to'annoo isaa diriirsuun waan barbaachiseef,

Akkasumas, nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenyaa wajjiin kallatiin kan walqabatu haala itti fayyadamaa fi bulchiinsa nagahee qaawwaa fi hojiimaata irratti qajeelfama hojiirra jiru fooyyeessuun waan barbaachiseef,

Dabalataaniis, iftoominaa fi sirna itti gaafatamummaa bulchiinsa nagahee diriirsuun lammiileen tajaajila qulqullinaa qabu akka argatanii fi raawwii keessatti hanqina jiru fooyya'iinsa taasisuun waan barbaachiseef,

Akkaataa Dambii Bulchiinsa Faayinaansii Oromiyaa Lakk. 207/2011 keewwata 83tiin

Qajeelfamni kun fooyya'ee bahee jira.

### Kutaa Tokko

### Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun **"Qajeelfama Sirna Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyeessuuf Bahe Lakk.31/2016"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, jechoonni walfakkaatoon seera rogummaa qaban keessatti hiikni keennameef akkuma jirutti ta'ee, Qajeelfama kana keessatti;

1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Maallaqa Oromiyaati.
2) **"Galii Keessaa"** jechuun Manneen hojii Mootummaa Naannicha baasii isaanii guutumaan guututti yookiin gartokkeen akka uwwisaniif seeraan eeyyamameefi galii tajaajila ummataaf kennaniin yookiin meeshaa dhiyeessan irraa sassaabaniidha.
3) **"Galii keessaa Gandaa"** jechuun galii Gandii uummatu ta'ee, maddoota isaa Mana Maree Gandaatiin kan murteeffatu yemmuu ta'u, galii hawaasni misoomaa fi nageenya

naannoo isaa keessatti qooda fudhachuuf Kenna Tajaajila Lammummaatiif sassaabu hin dabalatu.

4) **"Hayyama Nagahee Maxxansiisuu"** jechuun nagahee maallaqni mootummaa yookiin Kennaa Tajaajila Lammummaa yookiin nagaheen galii keessaa Gandaa ittiin galii yookiin baasii ta'u hayyama Biiroon kennuudha.

5) **"Manneen hojii mootummaa"** jechuun gartokkeen yookiin guutumaan guutuutti baajata Mootummaa Naannichaatiin kan bulan jechuudha.

6) **"Nagahee"** jechuun nagahee maallaqni yookiin qabeenyi mootummaa galii yookiin baasii ittiin ta'u yookiin hawaasni misoomaa fi nageenya naannoo isaa keessatti qooda fudhachuuf Kenna Tajaajila Lammummaatiif; dhaabbilee mit-mootummaa, deeggartoota misoomaa, uummataa fi abbootii qabeenyaa irraa maallaqaa fi qabeenya gosaan argamu yookiin galii keessaa Gandaaf galii yookiin baasii itti ta'udha.

7) **"Nagahee Bade"** jechuun nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenya mootummaa yookiin Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa ittiin sassaabamee bade, hatame, gubate, manca'e, osoo itti hin hojatamiin bade yookiin sababa adda addaan hojiif yookiin to'aannoof dhiyaachuu kan hin dandeenye jechuudha.

8) **"Qaama Biiroon Nagahee Akka Maxxansiifatu Hayyameef"** jechuun hayyama maxxansa nagahee Biiroon Manneen hojii mootummaatiif yookiin Bulchiinsa Gandaaf kennudha.

9) **"Waajjira"** jechuun Waajjiralee Maallaqaa sadarkaa sadarkaan jiran jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun bu'uura Labsii Bulchiinsa Faaynaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 156/2002 kew.3 tiin manneen hojii mootummaa Naannoo Oromiyaa hunda irratti kan raawwatu ta'ee; bulchiinsa Gandaas ni dabalata.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa

**5. Qajeeltoo Bu'uuraa**

1) Nagahee seeraa qabeessa malee maallaqaa fi qabeenya mootummaa yookiin Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa walitti qabuun hin danda'amu.

2) Seeraan yoo hayyamame malee maallaqaa fi qabeenya mootummaa yookiin Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa kamiyyuu walitti qabuun hin danda'amu.

3) Nagahee Biiroon maxxansiifame yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameefiin malee nagahee maxxansiisuun yookiin akka maxxansiifamu hayyamuun hin danda'amu.

4) Nagahee dura fudhateme osoo hin deebi'in nagahee biraa dabalataan kennuun hin danda'amu.

**Kutaa Lama**

**Sirna Bulchiinsa Nagahee**

**6. Gosa Nagahee**

1) Nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenyaa, ajaja galmeeffama herreegaa yemmuu ta'u nagaheen Biiroon maxxansiifamu yookiin akka maxxansiifamu hayyame hundaa ni dabalata.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalattti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Biiroon yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameef nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenyaa Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin Galii keessaa Gandaa ni dabalata.

**7. Tarreeffama Nagaheewwanii**

1) Tarreeffamni nagahee Galii Herregaa Mootummaa (He/Mo 1/1) fi Herrega Kenna Tajaajila Lamummaa (He/KTL 1/2), Herregaa Galii keessaa Gandaa(He G/G 1/3), Galii Xumura (He/Mo 64), Gibira Herreega Kaffalamu Irraa Hir'ifamuu (H/G/21) fi maallaqa imaanaa yeroodhaf kaa'amu (Moodelli 85) waraabbii 3'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiin ni tabsama.

(a) Kooppii 1ffaan Kaffaalaadhaf;

(b) Kooppii 2ffaan Kutaa Herreegaaf;

(c) Kooppii 3ffaan Paadii irratti hafa.

2) Tarreeffamni nagaheewwan galii qabeenyaa Moodela 19/A waraabbii 4'n lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama :

   (a) Kooppii 1ffaan Qaama qabeenya galii taasiiseef;

   (b) Kooppii 2ffaan Rawwaataa too'aannoo qabeenya mana kuusaaf;

   (c) Kooppii 3ffaan Raawwataa kuusaa qabeenyaaf;

   (d) Kooppii 4ffaan Paadii irratti kan hafuu yookiin sanada mootummaa ta'a.

3) Tarreeffamni nagaheewwan galii qabeenyaa Moodela 19/B waraabbii 4'n lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama :

   (a) Kooppii 1ffaan Qaama qabeenya galii taasiiseef;

   (b) Kooppii 2ffaan Rawwaataa kuusaaf;

   (c) Kooppii 3ffaan Raawwataa bulchiinsa qabeenya dhaabbiif;

   (d) Kooppii 4ffaan Paadii irratti kan hafu yookiin sanada mootummaa ta'a.

4) Tarreeffamni nagahee modeela 22/B waraabbii 5'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama:

   (a) Kooppii 1ffaan Qaama qabeenya Fudhateef;

   (b) Kooppii 2ffaan Rawwaataa too'aannoo qabeenya mana kuusaaf;

   (c) Kooppii 3ffaan Raawwataa kuusaa qabeenyaaf;

   (d) Kooppii 4ffaan Raawwataa Bulchiinsa Qabeenya Dhaabbiif;

   (e) Kooppii 5ffaan Paadii irratti kan hafu yookiin sanada mootummaa ta'a.

5) Tarreeffamni nagahee modeela 22/A waraabbii 4'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama:

(a) Kooppii $1^{ffaan}$ Qaama qabeenya fudhateef;

(b) Kooppii $2^{ffaan}$ Rawwaataa too'aannoo qabeenya mana kuusaaf;

(c) Kooppii $3^{ffaan}$ Raawwataa kuusaa qabeenyaaf;

(d) Kooppii $4^{ffaan}$ Paadii irratti kan hafuu yookiin sanada mootummaa ta'a.

6) Tarreeffamni nagahee modeela 22/C waraabbii 4'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama:

(a) Kooppii $1^{ffaan}$ Qaama qabeenya fudhateef;

(b) Kooppii $2^{ffaan}$ Raawwataa kuusaa qabeenyaaf;

(c) Kooppii $3^{ffaan}$ Raawwataa Bulchiinsa Qabeenya Dhaabbiif;

(d) Kooppii $4^{ffaan}$ Paadii irratti kan hafuu yookiin sanada mootummaa ta'a.

7) Tarreeffamni nagahee Baasii (He/MO 7/1 fi 8/1 ) fi Ajaja Galmeeffama Herreegaa (He/Mo 9) waraabbii 2'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu tokko kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama:

(a) Kooppii $1^{ffaan}$ Kaffaltiin ittiin raawwatamee sanadatti hidhama;

(b) Kooppii $2^{ffaan}$ Paadii irratti kan hafu yookiin sanada mootummaa ta'a.

8) Tarreeffamni nagahee Maallaqa Imaanaa Qabame Ittiin Kaffalamu (Moodela 86) waraabbii 3'n guutamee lakkoofsi wal fakkaatu kennameefii haala armaan gadiitiin ni rabsama:

(a) Kooppii $1^{ffaan}$ kaffalaaf;

(b) Kooppii $2^{ffaan}$ Kutaa herreegaaf

(c) Kooppii $3^{ffaan}$ Paadii irratti kan hafuu yookiin sanada mootummaa ta'a.

Biroo Maallaqaa Oromiyaa
Oromia Bureau of Finance

8. **Maxxansa Nagahee**

1) Biiroon yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameef nagahee maxxansiisuu ni danda'u.

2) Biiroon bu'uura karooraa yookiin fedhii manneen hojii mootummaa sadarkaan jiran hunda irraa dhiyaatuun nagaheewwaan ni maxxansiisa.

3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee,karooraan ala haalli addaa yemmuu uumaame, Bulchiinsi Aanaa yookiin Magaalaa yoo itti amane karaa of eeggannoo qabuun Waajjirrii xinxaaluun nagahee Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa maxxansiisuu ni danda'u.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, manneen hojii mootuummaa bu'ura seeraan galii keessaa akka sassaabaniif hayyamame malee nagahee maxxansiisuu hin danda'an.

5) Nagaheen kan maxxanfamu dhaabbata seera qabeessa hayyama maxxansaa qaban biratti ta'u qaba.

6) Biiroon yookiin qaamni Biiroon nagahee akka maxxansifatan hayyameefiin ala dhaabbanni nagahee maxxansu ibsa tarreeffama fedhii nagahee kenname irratti jijjiirrama yookiin foyya'iinsa taasisuu hin danda'u.

7) Biiroon ibsa tarreeffama fedhii maxxansa nagahee ilaalchisee akkaataa barbaachisummaa isaatiin yeroo yeroon jijjiiruu yookiin fooyyeessu ni danda'a.

8) Nagaheewwan maxxanfaman lakkoofsa walitti aanuu kan qabaatu ta'ee, nagaheen galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenya mootummaa,Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin Galii keessaa Gandaa lakkoofsa addaa baastuu fi seeriin kan kennamuu Biiriichan ta'a.

9) Qaamni Biiroon nagahee akka maxxansiifatu hayyameef raawwii maxxansa nagahee lakkoofsa addaa baastuu fi seerii hayyamamee saniin maxxansiifate kutaa meeshaa isaaniitti galii taasisuu isaanii Biiroof gabaasu qabu.

## 9. Rabsa Nagahee

1) Biiroon, Waajjirri yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameef bu'uura karoora yookiin fedhii manneen hojii mootummaa sadarkaan jiran dhiyeefatan irratti hunda'uun nagahee ni rabsu.

2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin manneen hojii mootummaa baay'ina nagahee hanga barbaadamu haala karooraa isaaniin baasii taasisuun ni fudhatu.

3) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, karooraan ala haalli addaa yemmuu uumaame, Bulchiinsi Aanaa yookiin Magaalaa yoo itti amane karaa of eeggannoo qabuun Waajjirrii xinxaaluun nagahee Kenna Tajaajila Lammummaa yookiin galii keessaa Gandaa rabsu ni danda'u.

4) Biiroon lakkoofsaa fi baay'ina nagaheewwan maxxansiisee yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameef galmee dhaabbii addaa dhimma kanaaf qophaa'e irratti galmeessee ni qabata; ni bulcha; ni hordofa; ni to'ata.

5) Tarreeffamni galmee dhaabbii addaa nagahee mana hojii mootummaa kamiif akka kennameef bakka itti argamu, seerii, gosaa fi baay'ina nagahee, lakkoofsa jalqabaa fi dhumaa paadii hunda kan argisiisu ta'uu qaba.

6) Biiroon galmee dhaabbii addaa nagahee mala elektiroonkisiitti jijjiiruun ni bulcha; ni hordofa; ni to'ata.

7) Madalliin nagahee sochii galii yookiin baasii nagahee irratti hundaa'uudhan guyyaa guyyaadhan galmee dhaabbii addaa irratti araarfamu qaba.

8) Biiroo yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameefiin qaama nagahee gaafateef yeroo rabsu baay'ina nagahee, lakkoofsaa fi seeriin adda baasee lakkoofsa ___ irraa hanga____tti jechuun ragaa guutuu ni qabata.

9) Manneen hojii mootummaa nagaheen fudhatan isaan gahuu mirkaneesuuf waraabbii Modeela 19/A waliin qabsiisuun qaama nagahee irraa fudhataniif xalayaan beeksiisuuf itti gaafatamummaa qabu.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1) Oromia Bureau of Finance

10) Biiroo, Waajjirri yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyamee nagaheen rabsame qaama fudhate ga'uu fi ragaan galii ta'uu ibsu deebi'ee ergamuu isaa hordofuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

11) Galmeen nagahee galii fi baasii maallaqaa yookiin qabeenya mootummaa mana kuusaa meeshaatti galii yookiin baasii ta'u isaa ittiin mirkanaa'uu fi to'atamuu manneen hojii mootummaa hunda keessatti hundeeffamee hojii irra ooluu isaa hordofamuu qaba.

12) Nagaheen kamiyyuu nagahee galii fi baasii qabeenyaatiin qofa galii fi baasii ta'uu qaba.

13) Biiroo, Waajjirri yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansiifatan hayyameef irraa yookiin mana maxxansaa irra nagahee kamiiyyuu ittiin bahii ta'ee paadii Moodeela 19/A ittiin galii ta'e waliin wal qabsifamee eeggamuu qaba.

14) Keewwata kana keewwata xiqqaa 12 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagaheen kamiyyuu bittaadhan argame Moodela 22/A itti bahii ta'ee dhufe paadii Moodela 19/A ittiin galii ta'e waliin wal qabsifamee eeggamuu qaba.

15) Nagaheewwan sassabbii maallaqa Kenna Tajaajila Lammummaa qaamni barbaadu xalayaa Bulchiinsa Gandaa fi mana hojii mootummaa karoora Kenna Tajaajila Lammummaa sadarkaa Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaatti karoorse irraa uunkaa ajaja baasii qabeenyaa mirkaneessisuun waajjira irraa modeela 22/A'n mallatteessee fudhata.

10. **Bulchiinsa Nagahee**

1) Nagaheen kamiyyuu manneen hojiii mootummaa keessatti galii fi baasii yeroo ta'u galmee dhaabbii addaa irratti galmaa'uu qaba.

2) Tokkoon tokkoon namoota nagahee kutaa qabeenyaa irraa baasii taasisanii itti hojjeetaniif kaardiin fayyadamtootaa madaalliin ittiin hojjeetamu banaamuufii qaba.

3) Namni kamiyyuu nagahee baasee ittiin hojjatu akkaataa seera rogummaa qabuun wabii dhiyeessuu qaba.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagahee Dura ta'aa yookiin nama Dura ta'aan Gandaa bakka buuse fudhee maallaqaa yookiin



Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1)
Oromia Bureau of Finance

qabeenya itti sassaabu ilaalchisee qaamni nagahee kennu bu'uura uunkaa waliigaltee miiltoo qajeelfama kanaan walqabatee jiruun mallateessisuun kennamu qaba.

5) Tokkoon tokkoo nagaheen galii itti hojjatamee yeroo xumurame hanga maallaqaa sassaabame lakkoofsa herreega baankii baname irratti galii gochuun nagahee galii baankii fi waraabbii lammaffaa waliin manneen hojii mootummaatiif dhiyeessuun sirrummaan herreega sassabamee mirkaneessuun nagahee galii xumura (modeela 64) ni kennamaaf.

6) Keewwata kana keewwata xiqqaan 5 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagaheen galii keessa Gandaa kan itti hojjeetamee ji'a ji'aan kooppiin lammaffaan hojjeeta Herregaa Gandaa Waajjira jiruuf dhiyaate galmaa'uu qaba.

7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 fi 6 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagahee itti hojjeetamee akkuma xumurameen guyyoota hojii torbaa keessatti galii taasisuu qaba.

8) Nagaheen itti hojjeetamee xumurame hafteen paadii isaa kutaa qabeenya irraa fudhatanitti deebi'uu qaba.

9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 8 jalatti ibsame akkuma jiruutti ta'ee, Manneen hojii mootummaa kutaa bulchiinsa Faayinaansii qaban kutaa qabeenya isaanitti deebisuu qabu.

10) Nagaheen itti hojjeetamee xumurame sanadni isaa kutaa harshameetti He/Mo 42'n deebi'uu qaba.

11) Namni nagahee itti hojjeetame kutaa qabeenyatti deebisee, Modeela 19/B ittiin galii taasise kutaa qabeenyatti dhiyeessuun kaardii fayyadamtoota irratti of irraa buusuu qaba.

12) Keewwata kana keewwata xiqqaa 11 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagaheen Modeela19/B kutaa qabeenyatti galii ta'e tartiiba isaa eegee ka'aamuun yeroo barbaadamutti odiitii ta'ee hanga dhabamsiisuuf seera eeyyamutti ta'uu qaba.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1)
Oromia Bureau of Finance

13) Keewwata kana keewwata xiqqaa 10 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, harshameen He/Mo 42'n galii ta'e kutaa harshameetti galii ta'e tartiiba isaa eegee ka'aamuun yeroo barbaadamutti odiitii ta'ee hanga dhabamsiisuuf seerri eeyyamutti ta'uu qaba.

14) Nagahee paadii haaraan guutumaan guututti hojiin irratti hin jalqabamiin sababni isaa ibsame kutaa qabeenyatti irraa baasii ta'eetti deebi'u qaba.

15) Nagahee paadiin hojii irratti jalqabamee hin xumuramiin hafe sababni isaa ibsame fuula baalleewwan irraatti hafe warrabbii hunda irratti jecha "haqameera" jedhu barreessuun kutaa qabeenyatti deebi'uu qaba.

16) Nagaheewwan Kenna Tajaajila Lammummaa qaamni barbaadu baasii itti bahe kaffaluun fudhachuu qaba.

17) Manneen hojii mootummaa nagaheewwan itti hojjatamee kutaa qabeenyatti deebi'e yoo xiqqaate waggaa kudhaniif of eeggannoon kaa'u qabu.

18) Waajjirri nagaheewwan galii fi baasii Kenna Tajaajila Lamummaa yookiin Galii keessaa Gandaa haaraa fi kan itti hojjatame ni bulcha.

19) Nagaheen dura fudhatamee itti hojjetame yoo deebi'ee malee nagaheen biraa dabalatan kennamu hin qabu.

20) Keewwata kana keewwata xiqqaa 19 jalatti kan tumaame jiratuus, haala addaatiin Biiroo yookiin waajjirri nagaheen biraa dabalatan akka kennamu hayyamu ni danda'u.

21) Nagaheen irratti hojjeetame yemmuu dogoggorame, miidhame yookiin sababa kamiyyuu akka haqamu yoo ta'e baallee warraabbii isaa hundaa irratti "haqameera" kan jedhu irratti barreeffamee paadii keessa ni taa'a.

**11. Ulaagaa Manneen Hojii Mootummaa Nagahee Maxxansiisuuf Guutachuu Qaban**

1) Manneen hojii mootummaa seeraan galii akka saassaban hayyamameef ulaagaalee armaan gadii guutachuu qabu:

(a) Galii akka saassabaniif Labsiidhaan yookiin Dambiidhan hayyama qabaachuu dhiyeeffachuu qabu;

(b) Baay'ina nagahee bara hojii sana maxxansiifamu karoora qabaachuu;

(c) Ogeessa herreegaa hubaannoo qabu qabaachuu;

(d) Sanduuqa Maallaqaa qabaachuu;

(e) Mana kuusaa qabeenyaa qabaachuu;

(f) Hojjeetta Mana kuusaa qabeenyaa qabaachuu;

(g) Lakkoofsa herreega baankii hayyama Biiroo yookiin Waajjiraan banname qabaachu qabu.

2) Nagahee galii keessaa gandaa fudhachuuf ykn maxaansiifachuuf dhimmoota armaan gadii guutachuu qabu:

(a) Madda galii keessaa Mana Maree Gandiichaan mirkaana'e,

(b) Karoora Mana Maree Gandichaan mirkaana'e qabaachu,

(c) Lakkoofsa herreega baankii hayyama Waajjiraan baname qabaachu qabu.

## 12. Eegannoo Nagahee Irratti Taasifamuu Qabu

1) Namni nagahee fudhatu osoo hojii itti hin jalqabiin dura sirrummaa nagahee ittiin hojeettu mirkaneefachuu qaba

2) Nagahee lakkoofsi isaa sirrii, guutuu yookiin tajaajilaaf mijataa hin taane; xalayaan hanqina yookiin mudaa isaa ibsamee mana kuusaa meeshaa Biiroo, Waajjiraa yookiin mana kuusaa qaama Biiroon nagahee akka maxxansifatu hayyameefitti deebi'uu qaba.

3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin namni nagahee sirrummaa isaa osoo hin mirkaneessiin hojii itti jalqabee ittigaafatamummaa qaba.

4) Nagaheewwan yeroo fe'amee iddoodha gara iddoottii yemmuu geejibsiifamu of eegannoon sirriin taasifamuufi qaba.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1) ቢሮ ገንዘብ ኦሮሚያ Oromia Bureau of Finance

5) Nageenyi nagahee manaa kuusaatti, hojii irratti yookiin kutaa harshameetti yeroodhaa yerootti eegamuu fi kunuunsii taasifamuufi qaba.

## 13. Hordoffii fi To'aannoo Nagahee

1) Manneen hojii mootummaa yookiin Gandii nagaheen yeroo badu yaakkii biraa akka ittiin hin raawwatamneef lakkoofsa isaa xuquun xalayaan Biiroo, Waajjiraa yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansifatan hayyameef beeksiisuu qabu.

2) Biiroon yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansifatan hayyameef, xalayaa nagaheen baduu isaa manneen hojii irra qaqqabe bu'uura taasisuun caasaalee isaanii sadarkaan jiraan hundaaf barreefamaan beeksiisuu fi midiiyaa uwwisa bal'aa qabuun haawaasaaf ibsamu qaba.

3) Manneen hojii mootummaa yookiin Gandii gabaasa ittifayyadama nagahee kurmaana kurmaanaan caasaa sadarkaan jiraniif dhiyeessuu qabu.

4) Nagahee gochi yakka irratti raawwatame maallaqni isaa shallagamee deebi'u isaa hordoffii fi to'annoon taasifamuu qaba.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, maallaqni nagahee badee bu'uura qajeelfama kanaan deebi'uu isaa kurmaana kurmaanaan Biiroof gabaasni dhiyaachuu qaba.

6) Odiitiin keessaa manneen hojii mootummaa hojii irra oolmaa nagaheewwanii bu'uura qajeelfama kanatiin hojimaata jiru ni mirkaaneessa; tarkaanfii fudhatamu isaa ni hordofa; gabaasa isaa caasaa sadarkaan jiruuf ni dhiyeessa.

## 14. Hundeeffama fi Gahee Hojii Koree Shallagii Nagahee Bade

1) Hundeeffama Koree Shallagii Nagahee Bade

Korees shallagii kun miseensoota nama shan kan qabu yoo ta'u isaanis:

(a)Daareektara yookiin Adeemsa yookiin qindeessaa Bulchiinsa Faayinaansii irra nama lama ta'ee, namni tokko walitti qabaa; kan hafe miseensa;

5) Nageenyi nagahee manaa kuusaatti, hojii irratti yookiin kutaa harshameetti yeroodhaa yerootti eegamuu fi kunuunsii taasifamuufi qaba.

## 13. Hordoffii fi To'aannoo Nagahee

1) Manneen hojii mootummaa yookiin Gandii nagaheen yeroo badu yaakkii biraa akka ittiin hin raawwatamneef lakkoofsa isaa xuquun xalayaan Biiroo, Waajjiraa yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansifatan hayyameef beeksiisuu qabu.

2) Biiroon yookiin qaama Biiroon nagahee akka maxxansifatan hayyameef, xalayaa nagaheen baduu isaa manneen hojii irra qaqqabe bu'uura taasisuun caasaalee isaanii sadarkaan jiraan hundaaf barreefamaan beeksiisuu fi midiiyaa uwwisa bal'aa qabuun haawaasaaf ibsamu qaba.

3) Manneen hojii mootummaa yookiin Gandii gabaasa ittifayyadama nagahee kurmaana kurmaanaan caasaa sadarkaan jiraniif dhiyeessuu qabu.

4) Nagahee gochi yakka irratti raawwatame maallaqni isaa shallagamee deebi'u isaa hordoffii fi to'annoon taasifamuu qaba.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, maallaqni nagahee badee bu'uura qajeelfama kanaan deebi'uu isaa kurmaana kurmaanaan Biiroof gabaasni dhiyaachuu qaba.

6) Odiitiin keessaa manneen hojii mootummaa hojii irra oolmaa nagaheewwanii bu'uura qajeelfama kanatiin hojimaata jiru ni mirkaaneessa; tarkaanfii fudhatamu isaa ni hordofa; gabaasa isaa caasaa sadarkaan jiruuf ni dhiyeessa.

## 14. Hundeeffama fi Gahee Hojii Koree Shallagii Nagahee Bade

1) Hundeeffama Koree Shallagii Nagahee Bade

Korees shallagii kun miseensoota nama shan kan qabu yoo ta'u isaanis:

(b) Daareektara yookiin Adeemsa yookiin Bulchiinsa Humna namaa irraa nama tokko – Bareessaa;

(c) Daareektara yookiin Adeemsa Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa irra nama lama – miseensa;

2) Gahee Hojii Koree Shallagii Nagahee Bade

Gaheen hojii koreen kana sababa garagaraan badii nagahee irratti yemmuu rawwaatamu shallagii herreega nagaheewwanii haaluma tumaalee qajeelfama kana keessatti tumaamaniin kan raawwatu ta'a.

**15. Dhabamsiisa Nagahee**

Dhabamsiisni nagahee raawwii dhabamsiisa qabeenya mootummaa seeroota rogummaa qabaaniin kan raawwatamu ta'ee:

1) Nagaheewwan odiitii ta'aanii waggaa 10 ol ta'aan;
2) Nagaheewwan balaa garagaraan mancaa'u isaanii qaama dhimmi ilaaluun qoratame mirkanaa'ee tajaajila hin kennine;
3) Nagaheewwaan sababa gurmaa'iinsa yookiin maqeeffama manni hojii jijjiirameen tajaajila hin kennine; yookiin
4) Bu'uura tumaalee keewwata kanaan ibsamaniin ala sababa addaa amansiisa ta'een nagaheewwan tajaajila ala ta'uun mirkana'e kan biroon nagahee dhabamsiisuun ni danda'ama.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1) Oromia Bureau of Finance

## Kutaa Sadii

## Itti Gaafatamummaa fi Hojii Qaamolee Adda Addaa

### 16. Itti Gaafatamummaa fi Hojii Biiroo

Ittigaafatamummaa fi hojiin seeroota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; bulchiinsa nagahee ilaalchise Biiroon:

1) Nagahee naannichaa ni maxxansiisa; qaama dhimmi ilaaluuf ni rabsa; ni bulcha; ni to'ata; kan tajaajilaan ala ta'an ni dhabamsiisa; akka dhabamsiifamu ni taasisa.
2) Nagahee Kenna Tajaajila Lamummaa yookiin galii keessaa Gandaa ni maxxansiisa; qaama dhimmi ilaaluuf ni rabsa; ni bulcha; ni to'ata; kan tajaajilaan ala ta'an ni dhabamsiisa; akka dhabamsiifamu ni taasisa.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan ibsamaan akkuma jirutti ta'ee, Biiroon akkaatuma barbaachisummaa isaati; manneen hojii mootummaa biroof nagahee akka maxxansiifatan ni hayyamaaf.
4) Manneen hojii mootummaa sadarkaan jiraniif bu'uura karoora yookiin fedhii isaan dhiyeefatan irratti hunda'uun nagahee ni rabsa.
5) Qaamni dhimmi ilaalu waaliin ta'uun gurmaa'iinsa sirrii bulchiinsa nagaheef mijatu ni diriirsa; ni bulcha; to'ata.
6) Nagaheen rabsame qaama fudhate ga'uu fi ragaan galii ta'uu ibsuu deebi'ee ergamuu isaa hordofuuf itti gaafatamummaa ni qaba.
7) Galmeen dhaabbii addaa nagahee mana kuusaa meeshaatti galii yookiin baasii ta'uu isaa ittiin mirkanaa'uu fi sirna itti to'atamuu hundeesse hojii irra ni oolcha.
8) Gabaasa itti faayyama nagahee yeroo yeroodhan qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa.
9) Qajeelfama kana hojii irraa oolchuudhaf leenjii ni kenna; dandeetti raawwaachisummaa ni ciimsa; raawwi isaa ni hordofa; ni to'ata.
10) Buchiinsa nagahee ammayyeessuuf mala elektirooniiksii ni diriirsa; hojii irra ni oolcha; ni bulcha.

### 17. Itti Gaafatamummaa fi Hojii Waajjiralee Sadarkaan Jiraanii

Ittigaafatamummaa fi hojiin seeroota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; bulchiinsa nagahee ilaalchise Waajjiraaleen:

1) Karoora yookiin fedhii maxxaansaa manneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan

jiran yookiin Bulchiinsa Gandaa irraa dhiyaateef walitti qindeessuun Biiroof ni dhiyeessu.

2) Bu'uura karoora yookiin fedhii maxxansaa manneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran yookiin Bulchiinsa Gandaa dhiyeefataniin nagahee fudhanii ni rabsu.

3) Nagahee galii fi baasii qaama dhimmi ilaaluuf ni rabsu; ni bulchu; ni to'atu; kan tajaajilaan ala ta'an ni dhabamsiisu.

4) Nagahee galii fi baasii Kenna Tajaajila Lamummaa yookiin galii keessaa Gandaa qaama dhimmi ilaaluuf ni rabsu; ni bulchu; ni to'atu; kan tajaajilaan ala ta'an ni dhabamsiisu.

5) Nagaheen rabsame qaama fudhate ga'uu fi ragaan galii ta'uu ibsuu deebi'ee ergamuu isaa hordofuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.

6) Galmee dhaabbii addaa nagahee mana kuusaa meeshaatti galii yookiin baasii ta'uu isaa ittiin mirkanaa'uu fi to'atamuu hojii irra ni oolchu.

## 18. Itti Gaafatamummaa fi Hojii Manneen Hojii Mootummaa

Ittigaafatamummaa fi hojiin seeroota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; bulchiinsa nagahee ilaalchise Manneen Hojii:

1) Karoora yookiin fedhii maxxaansaa qaban walitti qindeessuun Biiroof yookiin Waajjiraaf ni dhiyeessu.

2) Nagaheen fudhatan ga'uu isaa fi ragaan deebi'ee ergamuu isaa hordofuufi ittigaafatamummaa ni qabaatu.

3) Galmee dhaabbii addaa nagahee mana kuusaa meeshaatti galii yookiin baasii ta'uu isaa ittiin mirkanaa'uu fi to'atamuu hundeessee hojii irra ni oolchu.

4) Bulchiinsa nagaheef sirni to'annoo kan diriireef, eggumsii fi kunuunsi barbaachisu taasisuu fi seeraa rogummaa qabuun dhabamsiisuu qabu.

## Kutaa Afur

## Badii Nagahee Irratti Raawwatamuu fi Tarkaanfii Fudhatamu

### 19. Badii Nagahee Irratti Raawwatamu

1) Nagaheen kamiyyuu yoo bade, hatame, gubate, manca'ee yookiin gochi biroo yemmuu irratti raawwatame manneen hojii mootummaa yookiin Bulchiisni Gandaa qaama aangoon seeraan kennameef beeksiisuu dirqama qabu.

2) Nagaheen kamiyyuu yoo bade, hatame, gubate, manca'ee yookiin gochi biroo yemmuu irratti raawwatame bu'uura manneen hojii mootummaa yookiin Bulchiisa Gandaa irraa iyyaatni dhiyaateen qaamni aangoon seeraan kennameef qorannoo ni gaggeessa.

### 20. Tarkanfii Seeraa Fudhatamu

1) Qaamni aangoon seeraan kennameef nagaheen baduu, hatamu, gubachuu, manca'uu yookiin gochi biroo irratti raawwatamuu isaa akkuma eeruun qaqqaabeen qorannoo yakka ni eegala.

2) Bu'aa qorannoo irratti hundaa'uun hojjetan gocha balleessa raawwate yoo ta'e himata yakkaa mana murtii aangoo qabutti akka dhiyaatu ni ta'a.

3) Nagaheen bade, hatame, gubate, manca'e yookiin gochi biroo yemmuu irratti raawwatamee balleessaa hojjataatiin ta'uu isaa seeraan yoo mirkanaa'e himatni haariiroo haawaasaa tilmaama maallaqaan ni dhiyaata.

4) Tarkaanfiin naamusaa hojjetaa badii raawwate irratti bu'uura seeraa bulchiinsa hojjatoota mootummaan tarkanfiin bulchiinsaa ni fudhatama.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa
Oromia Bureau of Finance

## Kutaa Shan

## Nagahee Haaraa fi Itti Hojjatamee Badee

### 21. Nagahee Haaraa Bade

1) Nagahee haaraan osoo itti hin hojjatamin yoo bade, hatame, gubate yookiin mancaa'e; yakkii kan ittiin hin raawwatamne ta'uusaa qaama seeraan aangoo kennameefiin yoo mirkaana'ee, bu'uura gatii gabaa yeroo sana jiruun baasii itti bahee shallagamee kaffalama.

2) Nagahee galiifi baasii qabeenyaa irratti osoo hin hojjeetamiin moodellii 19 fi 22 yoo bade, gubate, hatame yookiin badiin biroo irratti raawwatame yakkii kan ittiin hin raawwatamne ta'uusaa qaama seeraan aangoo kennameefiin mirkaana'ee, bu'uura gatii gabaa yeroo sana jiruun nagahichaatti baasii itti bahee shallagamee kaffalama.

### 22. Nagahee Itti Hojjatamee Bade

1) Nagaheen itti hojjatame paadii guutuun isaa yoo bade, gubate, hatame yookiin gocha biroo kan irratti raawwatame yoo ta'e, herreegni isaa kan tilmaamamu nagahee bade, gubate, hatame yookiin badiin biroo irratti raawwatame san dura yookiin booda paadii argamee maallaqa guddaa of irraa qabuun shallagamee kaffalama.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagahee bade, gubate, hatame yookiin badiin biroo irratti raawwatame paadiin duraa duubaa mana hojii sana keessa kan hin jirree yoo ta'e, paadii duraa duuba nagahee galii walfakkaata mana hojii sana keessatti argamuun, paadii badeetti aanee jiruu maallaqa guddaa kan qabateen shallagama.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, nagahee bade, gubate, hatame yookiin badiin biroo irratti raawwatame paadiin duraa duubaa mana hojii sana keessa kan hin jirree yoo ta'ee fi paadii duraa duuba nagahee galii walfakkaata mana hojii sana keessatti hin argamne, paadii badeetti aanee paadii jiruu barbaaduun maallaqa guddaa kan qabateen shallagama.

Biroo Maallaqaa Oromiyaa (1)
Oromia Bureau of Finance

4) Nagaheen itti hojjeetamee maallaqni itti sassabamee baankii galuun mirkanaa'ee fi moodelli 64 itti kutamee nagahee bade, gubate yookiin hatame herreegni isaa baasii nagahichatti baheen gatii gabaa yeroo sana jiruun shallagamee kaffalama.

5) Nagahee galii fi baasii qabeenyaa irratti hojjeetamee paadii guutuun bade, gubate, hatame yookiin badiin biroo irratti raawwatame kutaalee jiraan irra qulqulla'ee yakkii bira irratti kan irratti hin hojjeetamne yoo ta'e, baasii nagahichaatti baheen gatii gabaa yeroo sana jiruun shallagamee kaffalama.

6) Nagaheen itti hojjetame fuulli paadii keessaa yoo citee bade, paadicha keessaa maallaqni inni guddaan fudhatamee baay'ina fuula paadicha keessaa citeen baay'isuun baay'ina maallaqa argamuun kaffalamuu qaba.

7) Nagaheen galii fi baasii qabeenyaa itti hojjetame paadii keessaa yoo citee bade paadicha keessaa qabeenya walfakkaata gatii isaa guddaan fudhatamee baay'ina fuula paadicha keessaa citeen baay'isuun baay'ina qabeenyi argamu maallaqa kaffalamuu qaba.

**Kutaa Jaha**

**Tumaalee Adda Addaa**

**23. Miiltoon Qaama Qajeelfama Kanaa Ta'uu**

Miiltoon Qajeelfama kanaan wal-qabatee jiru hundi akka qaama Qajeelfama kanaatti ilaalama.

**24. Seeroota Raawwatiinsa Hin Qabne**

Qajeelfama Bulchiinsa Nagahee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. FA-01/2005, haqamee qajeelfama kanaan bakka bu'ee jira.

**25. Yeroo Qajeelfamni kun Itti Ragga'u**

Qajeelfamni kun Hag.10 bara 2016 irraa eegalee ragga'ee kan hojii irra oolu ta'a.

**Tolasaa Gaddafaa**
**Hoogganaa Biiroo Maallaqaa Oromiyaa**
**Hag., 2016**
**Finfinnee**

**Uunkaa 1 Waliigaltee Walhakaa Fuudhinsa Nagahee**

Guyyaa ,____________

**Waliigaltee Walharkaafuudhinsa Nagahee Sadarkaa Bulchiinsa Gandaa**

**Waliigaltee_Kennaan** ________________________________________

**Teessoon**_________________**Godina**_____________________**Aanaa/Magaalaa**____________
**Ganda**_____________**Lakk.Manaa**__________**Lakk.Bilbilaa**________________

**Waliigaltee_Fudhataan** ________________________________________

**Teessoon**_________________**Godina**_________________**Aanaa/Magaalaa**________________
**Ganda**_____________**Lakk.Manaa**__________**Lakk.Bilbilaa**_________________**Gahee hojii** ________________________________

Waliigalteen walharkaafudhiinsaa nagahee gartuu waliigaltee gidduutti akkaataa seera H/H keewwata 1675, 1679 fi 1680 (1) tiin feedhii fi daandeetii gutuudhaan fi akkaataa tumaalee armaan gadiitiin kan raawwatameedha.

**Keewwata 1 Dirqama waliigaltee Kennaa**

Waliigaltee Kennaan Waajjiraa_______________ yoo ta'u nagahee maallaaqni yookiin qabeenyi itti saassabamuu kan baay'innii isaa paadii______________lakkoofisa ________ irraa hanga _______________ seerii___ ta'e guyyaa _____________ irraa eegalee waliigaltee kennee jira. Akkaasumaas, waliigaltee kennaan waliigaltee fudhataadhaf akkaatuma barbaachisummaa isaatti komiishiinii nagahee sanaan maallaqa yookiin qabeenya saassabe dhibbeenta ___________(%) isaa kaffaluuf qaba.

**Keewata- 2 Dirqama Waliigaltee Fudhataa**

Waliigaltee fudhataan guyyaa_____________ nagahee baay'inni isaa paadii____________________ lakkoofsa ________ irraa hanga ______________ seerii___ ta'e baasii taasisee fudhate irra eegalee akkaataan qajeelfama bulchiinsa nagaheen maallaqa yookiin qabeenya ittiin saassabee, maallaqa yookiin qabeenyaa saassabee galii taasisuu qaba. Akkasumaas, akkaataa seera jiruun saassabee kan hin deebisne ta'e dhala maallaqaa nagahee itti saassabe irraa jiruun kan kaffalu ta'a.



Biiroo Maallaqa Oromiyaa (1) Oromia Bureau of Finance

Nagahee baasii taasise tajaajila sassabbii maallaqa yookiin qabeenya dhimma

______________________tiif qofa kan olchu ta'a.

Nagahee armaan olitti ibsame haala waliigaltee kanaan hojiirra oolchee guyyaa baasii taasisee irraa eegalee yeroo ____hincaalle keessatti deebisuu qaba.

**Keewata -3 Dirqama Waliigaltoota**

Abbaan waliigaltee kana diiguuf yaalee abbaa waliigaltee kabajeef dangaa waliigaltee qarshii 20,000 (Kuma digdama) mootumadhaaf immoo qarshii 30,000(kumaa soddomaa) kaffalee waligalteenbu'ura S/S kew. 1889/1891/2266/2205 tiin seera fuulduratti kan fuudhatama kan qabu ta'ee,dabalataan Qajeelfamni Bulchiinsa Nagahee Naannoo Oromiyaa dhimma kana irratti raawwatinsa ni qabaata.

**Maqaa fi Mallatoo waliigaltee Kennaa**

Maqaan____________________

Mallaattoon________________

Gaheen Hojii_______________

Guyyaa____________________

**Maqaa fi Mallatoo waliigaltee Fudhataa**

Maqaan____________________

Mallaattoon________________

Gaheen Hojii_______________

Guyyaa____________________

**<u>Ragooleen Yeroo Waliigalteen Kun Raawwatamu Turan:-</u>**

1ffaa Obbo/Addee______________________________

2ffaa Obbo/Addee______________________________

3ffaa Obbo/Addee______________________________

Nutiis ragooleen waligalteen kun feedhii fi daandeetii gutuudhaan taasifamuu isaa fi wal-harkaa fuudhinsii nagahee kun raawwatamuu isaa arginee jirra.

Biiroo Maallaqaa Oromiyaa (1)
Oromia Bureau of Finance